



**Tooftaa Hiikkoo Kitaaba
Qulqulluu**

Bible Hermeneutics

KUTAA 3ffaa

- Hiikka Tooftaa Hiikkoo? (What is Hermeneutics)
- Jechi kun jecha Afaan Giriik irraa dhufe yemmuu ta’u, Giriikota biratti waaqa “Hermen/Hermees” jedhamtu tokkodu ture. Hojiin waaqittii kanaa hiikuudha. Kunis wantoota dhokattoo ibsuu, wantoota hiikka wallaalame kamiyyuu hiikuudha.
- Kanaafuu maqaan kun kan waaqittii tolfamtuu Griik irraa dhufe yemmuu ta’u, hiikni isaas hiikuu, ibsuu, ifa gochuu fi ifoomsuu jechuudha. Interpret gochuu jechuudha.

- Kitaaba Qulqulluu keessatti HoE 14:12 irratti yeroo Phaawuloos dubbii waaqayyoo ifa godhee hiiketti inni Hermees akka ittiin jedhane argina.
- Kun qo'annaa saayinsawaa waan ta'eef method/mala mataa isaa qabaata jechuudha.

- Gosoota tooftaa Hiikkoo Kitaaba Qulqulluu
- Waa'ee tooftaa Hiikkoo Kitaaba Qulqulluu yemmuu bal'ifnee ilaallu gosoota hiikkoo Kitaaba Qulqulluu shan argina.
- Isaanis
- 1) Allegorical Interpretation/Hiikka Hafuuraa isa dhokataa barbaaduun hiikuu jedhuudha.
- Kana jechuun maal jechuudha?

- Kana jechuun immoo yaada ifa ta'ee barreeffameen ala ergaa hafuura dhokataa achi keessa jiru qotanii baasuu jechuudha.
- Isa hin barreeffamin dubbisuu jechuudha.
- Isa hin barreeffamne dubbisanii ergaa achi keessa jiru baasanii dubbachuu jechuudha
- Namoonni isa barreeffame iyyuu roga sirriitiin utuu hin hubachiisin tooftaa Aliigorii kana fayyadamuudhaan hiikka hafuura jedhanii yeroo hedduu Kitaaba Qulqulluu gara yaada isaaniitti deebisuudhaan ittiin namoota dogoggorsuu danda'u.

- Gara caalaa tooftaan hiikkoo akkasii hin gorfamu.
- Rakkoon guddaan tooftaa hiikkoo akkasii ergaa kallattii kan kitaabni qulqulluun barreeffameef akka hin arganne nama taasisa.
- **Namoonni dhugaa isa barreeffame dhiisanii falaasama baay'isuudhaan waldoonni gargar qoqqooduudhaaf sababa guddaa ta'a.**
- **Namni hundi Kitaaba Qulqulluu akka garaa isaatti, akka yaada isaatti akka hiikuuf carraa banaa taasisaaf waan ta'eef hin gorfamu.**

- Dogmatic Interpretation/barruu dhaabbataa jalatti hiikuu
- Kunis yaada addaa ykn safuu sabaa akkasumas barreeffama dhaabbata amantaa qabannee achiin jalatti Kitaaba Qulqulluu hiikuu jechuudha.
- Tooftaa hiikkoo Dogmatic kana gara caalaa kan fayyadamtu Waldaa kaatolii Roomaati.
- Seeraa fi Qajeelfama dhaabbataatti Kitaaba Qulqulluu hiika malee Kitaabni Qulqulluun qajeelfama waldaa hin hiiku jedhanii yaaduudha.

- Tooftaa kana waldaan durii barnooti dogoggoraa fi sobaa baay'een ishee qorraan kan itti fayyadamte yemmuu ta'u, achumaan ani waldaa haadhoodha kan jettu Waldaan kaatolikii hanga har'aatti itti fayyadamti jechuudha.
- Akkaataa tooftaa hiikkoo kanaatti yaada ilaalcha waldaatiin walitti bu'u irra darbata malee hin hiiktu ykn immoo yoo hiikte yaada dhaabbata waldichaa dursita jechuudha.

- Akkaataa tooftaa hiikkoo kanaatti aangoon Waldaa kan Kitaaba Qulqulluutii oliidha jechuudha.
- **Phaphaasonni/Ephis Qophosonni waldaa kiristaanaa akka geggeessan Kitaaba Qulqulluus aangoo isaanii jalatti geggeessu jechuudha.**
- **Kitaabni Qulqulluun geggeessa Hafuura Qulqulluutiin Qulqullootaan waan barreeffameef ammas geggeessa Hafuura Qulqulluutiin geggeessitootaan hiikamuu, hubatamuu fi gulaalamuu danda'a jedhanii yaaduudha.**

- Rational Interpretation/ Kitaaba Qulqulluu hanga sammuu namaa hubatetti hiikuu jechuudha.
- Akka namaaf galee akkaataa sammuu namaatiif ifeen hiikuu jedhanii warra amananiidha.
- Akkaataa nuuf hin galleen hiikuudhaaf yaaluun sirrii mitii jedhanii yaaduudha.
- **Kunis Kitaaba Qulqulluu hubannoo ofii jalatti deebisuudhaaf yaaluudha.**

- Akkaataa kanaan yaaduun rakkoo guddaa qaba.
- Kitaabni Qulqulluun guutumaa guututti akka nuuti hubannuuf kan barreeffame ta'us, abbaan barreeffamaa guutumaa guututti hubannaa sammuu keenyaa oli kan ta'eedha.
- Tooftaa hiikkoo akkasii warri fayyadaman Kitaabni Qulqulluun gargaarsa Hafuura Qulqulluutiin male bira kan hin gahamne ta'uu ganuudhaan Kitaaba Qulqulluu to'annoo sammuu ofii jalatti deebisuudhaaf yaaluudha.
- Kun gowwummaa guddaadha.

- Subjective Interpretation/Hiikkaa dhuunfaa.
- Kun immoo hiikkoo shaakallii jireenya nama dhuunfaa, fedhii fi miira dhuunfaa irratti hundaa'eedha.
- Yaadota hiikkoo isaanii sana mormuudhaaf yeroo dhiyaatutti sababa adda addaa dhiyeessuu, Kana waaqayyotu naaf ibse, akka naaf ife, akka waaqayyo na qajeelchee fi sababoota mataa isaanii qabatani warra hiikkaa dhuunfaa isaanii hordofaniidha.
- Namoonni akkasii dhuunfaan ykn gareedhaan hiikka mataa isaanii yeroo qopheeffatan warra biraatiin walitti makamuu hin barbaadanu.

- Dhaabbata amantaa mataa isaanii fi yaada isaanii hordofu gurmeeffachuudhaan kanneen achirraa hafan hunda irraa adda ofi gochuudhaan warra socho'aniidha.
- Isaan malee qaamni biraa hiikka kan isaanii fakkaatu hordofu waan hin jirreef kophaa jiraachuudhaan warra beekkamaniidha.
- Amantaa kiristaanaa fakkaattii isaanii kamiin iyyuu walitti akka hin makamne tooftaa hiikkoo isaan hordofanutu isaan daangessa jechuudha.

- Historical, Grammatical, Literary (HGL) Interpretation (Tooftaan hiikkoo kun seenaa Kitaaba Qulqulluu, Sirna og-barruu Kitaabichaa fi akkaataa barreeffama jalqabaa ilaaluudhaan kan hiikan jechuudha).
- Akkaataa tooftaa hiikkoo kanaatti olaantummaan hundinuu kan Kitaaba Qulqulluu ta'ee hiikka itti kennuu kan dandeenyu dursinee seenaa barreeffame sana dubbisnee, sirna og-barruu isaa ilaallee, ergaa kutaa sanaa adda baafannee kan hiiknu jechuudha.

- **Kitaaba Qulqulluu akkaataa sirriitiin hiikuudhaaf dhaabbannii fi namni dhuunfaa kamiyyuu utuu tooftaa hiikkoo (HGL) jedhamu kana hordofee gaariidha jedheen amana.**
- **Eeyyeen akkasuma!**

Eebbifamaa!

Nageessoo Shibbiruu (Barataa PhD)